# Yeroo sareen meeshaa tokkoo keessanii keessaa dhugdetti si'a torba isa haa dhiqu

Abuu Hurayraaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: «Yeroo sareen meeshaa tokkoo keessanii keessaa dhugdetti si'a torba isa haa dhiqu». Gabaasa muslim keessatti immoo: «torban keessaa kan jalqabaa biyyoodhaan» kan jedhu dhufeera.
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeroo sareen arraba isaa meeshaa keessa seensisetti si'a torba dhiquutti ajajani, si'a torba keessaa kan jalqabaa biyyoo woliin ta'ee dhiqama isa boodaa bishaan akka dhufuuf jecha, kanaan najaasaa fi miidhaa isaa irraa qulqullinni guutuun argama.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3143